
Minnesota Department of Health
Waraqaa waa’ee Baayooteereriisiim dhugaa hiimmtu/dubaatu 12/7/2005

# Tuulaaramiyaan (Tularemia)

## Tuulaaramiyaan maali?

Tuulaaramiyaan (tularemia) dhiibee jarmii baayee cimaa fi kan nama dhukkubbsachiisu ta’ani dhufu. Jarmiin kuni torban baayeef nyaata saa’a, bishaan, owaara (soil) horii du’aa (animal carcasses) keessa jiraatuu danda’a.



*Sillmiin dhibee niimooniyaa kan fiidu jarmii/bakkteeriya baatti*

Malaatoon/miliikiiti tuulaarimiaa (tularemia) bifa adda addaa qaba kana kana murteesuu danda’u akkaata ati balaa kana kufteedha. Isaan kunis naqaarsoota (skin ulcers) gogaa qaama nama irratti argaaman, hidda qaama namaa dhidhiita’an fi dhukuubii mudaanmuddii (painful lymph glands), dhukkubbi ijoota, laagaa dhukkubbi, madoota afaan keessaa ykn niimooniyaa (pneumonia) dha. Yoo kara qil’eensa jarmii kana liiqiimsiite miliikiitootti isaani qaama gubaa osoo hinbeekin namatti dhufu (fever), namaa dhaamoochiisiisu/dhaamoochoota (chills), mataa bowuu, qaama nyaata (muscle aches), dhukkuubbii buusaa qaama namaa (joint pain), qufaa gogaa (dry cough) fi dhadhabii yeroodha gara yeroo itti dabaala deemu (increasing weakness) dha. Yoo dhibeen kuni gara dhukkuba qoraa (pneeuumoonia) tarkaanfate, tuulaarmiyaan (tularemia) dhibee laphee fiduu danda’a, dhiigi laphee keessa akka gad-dhiisi itti gad – dhiifamu godha (bloody discharge), fi afuura baafaachuu akka dadhaban godha (breathing failure).

Erga ati balaa jarmii (bacteria) kanaan gaaga’mteeti booda miiliikiitooti dhibee kana guyyaa sadii ti haga guyyaa shanii giduu itti argaamuu danda’u. Hata’uu male, erga ati balaa jarmii kanaan qabamite booda guyyaa tokko haga guyyooti 14 giduu itti yoomi iyuu si irratti argaamuu danda’u.

Yoo dhibeen kuni antiibaayootikisin (antibiotics) hinwal’aanamne namooni dhibee sombaa-ykn waliigala dhibee tuulaarimiyaa (general tularemia infection) qaban gaagaa’ama guddaa irra ga’uu danda’an. Namooni dhibee kana qaban yoo hinwal’aanaamne harkaa 30 ti haga harkaa 60 du’uu ni malu.

Dhibee uumama irraa madeeen namooti 200 ta’an biyya Ameerika (nationwide) keessaa wagaatti akka dhibee kanaan qaban gal’meefame. Gal’meefamami kuni yeroo baayee karaa dhi’aa (Western) fi kibba giddu galeessa (south-central) Ameerika ti (U.S.). Waggootii darban kurnaan kana dhibee shantu biyya Miniisoota (Minnesota) keessa gal’meefame.

## Akkamiitti dhibee tuulaarimia dhaa qabamtaa?

Dhibee tuulaarimiyaa (tularemia) salphaa itti namaa qaba – jarmii leexa ta’ani (individual) 10 tii haga 50 kan ta’an si dhukkubbsaachiisu danda’u. Maddootiin dhibee kanaa jarmii bineensoota xixiiqqaa ta’an akka fulii’iyoota (voles), hantuuta bosoona (mice), haadha holqoota (squirrels), illeettoota (rabbits) fi biraabiroota (hares).

Communications Office
625 North Robert Street
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
(651) 201-4989
www.health.state.mn.us

# (Tuulaaramiyaan (Tularemia) – Fuula 2

Namooni dhibee kanaan qabamuu isaan kan danda’amu akkasatti:

- ciniinaa silmii (ticks), ciniinaa tisiisaa fi bookoota
- bineesoota dhibee kanaan qabaman irraa ykn bineesoota du’ani irraa
- nyaata xuraa (contaminated food) nyaachu irraa, bishaan xuraa irraa ykn biyyee irraa
- laabooraatorii keessatti qil’eensa keessatti kan gad-dhiifame jarmii liqiimsuu irraa fi kan kana fakkaatan

Bakka/urgee namooni bayaataani jiraatan itti tuulaarimiyaa akka meeshaa itti dhimma ba’uudhaan qil’eensa keessatti gad-dhiisuudhan akka namni miidhaamu gochuudhaan.

## Namoota dhibee kana qaban irraa dhibeen kuni si qabuu ni danda’a?

Dhibeen kuni kara namaa tokkoo gara nama birootti darbu haga yoona itti hintaane. Akkasumas erga jirmii dhibee kana jalqaba gad-dhiifameetti booda namooni kuni dhibee kanaan itti fufaani qabamuu nidanda’an. Eegaa erga jarmiin kuni qil’eensa keessatti gad-dhifaame ti yeroo baayee jiraachuu hindanda’au.

## Maaliif jarmiin kuni meeshaa shoroorikeesiitu ta’uu danda’ama jedhamee yaadama?

Yoo ilee jarmii tuulaarimiyaa (tularemia) jedhamu kana qil’eensa keessatti gad-dhiisuun rakkisa yoo taa’a’e iyuu bakka namoon baayeen jiranitti gad-dhiisuudhaan namoota miidhuun hojjii shororikeesituuf mijaa’a ta’uu danda’a. Erga balaa rukuutaa jarmii kanaan qabanii guyyaa sadii haga shani itti kan miliikiitooti balaa jarmii tuulaarimiyaan rukutamuu kan agaarsiisu inni jalqabaa namoon akk danbaalii galaana (wave) gara mana wal’aansaa dhufuudhaan wal’aansa barbaadudha. Egaa namooni baayeeni dhibee kanaan du’u ni malu, yoo wal’aansa antiibaayootikisi hin argaane.

Nagaa Eegduun Dhaaba Adduunya (WHO) akka heregeetti yoo kiilogiraami 50 ykn paahundii 110 kan ta’e jarmii tuulaarimiyaa yoo magaala namoota miliiyooni shan qabu itti gad-dhiisan gaaga’amtoota guddaa fidu danda’a. Akka Nagaa Eegduu Dhaaba Aduunya amnuutti gaaga’ani akkasi yoo ta’e namooni kuma 250 dhibee cimaan isaan qaba akkasumas kumni 19 ni du’u.

Akkaata itti Mootummaan Ameerika dhibee tuulaarimiyaa (U.S. Center for Disease Control and Prevention-CDC) nagaa eeguu fi ittiisu kan inni meeshaa baayooteerismii (bioterrorism) shooroorikeesiitu addaan baasee himmuu danda’u bifa baayee jira:

- Yoo nama irra gara namaatti hindarbu ta’elee karaan salpha ta’e itti dhibee kana facaasan jira.
- Dhibeen kuni nagummaa namaaf baayee soodaachisa. Dadaafiidhaan namoota baayee ajjeesu dandaa’a.
- Naasuu guddaa fi hawwaasa burjaajeesuu guddaa fiduu danda’a.
- Gaaga’ama kara tuulaarimiyaa dhufu ofi irraa ittisuuf qophee adda ta’e barbaachisa (special measure).

## Dhibeen kuni wal’aanamuu ni danda’a?

Antiibaayootiksiin dhibee sombaa wal’aanuu fi waliigala dhibidoota kara jarmii tuulaarimiyaa liqiimsuun dhufe kan ta’uudha Namooni dhibee kanaan qabaman yoo hinwal’aanamu ta’e harkaa dhibba keessaa harkaa 30 ti haga 60 dhibee kanaan tarii ni du’u ta’a. Biyyaa Ameerikaa keessatti haga har’aitti osoo wal’aanamani dhibee tuulaarimiyaan kanaan kan du’an harkaa dhibba keessa harkaa lamaa gad.

# (Tuulaaramiyaan (Tularemia) – Fuula 3

## Dhibeen kuni dhorkamuu ni danda’a?

Akka dhibeen kuni uumaata hinqabne kitii-baatiin ammaaf uumaataaf keenamu hinjiru. Har’a Mootumaan Ameerikaa kan Naguumaa Nyaataa fi Qoricha/Qorsa Too’aatu (U.S. Food and Drug Adminstration) hojjeetoota laabii keessa hojjeetanif kitii-baatiin dhibee kanaf keenamu dhimma baasuu isaa fi hinbaasuu isaa qoraachaa jira.

## Maal godhu nara jira yoo ani gaaga’ama dhibee tuulaarmiyaan kanaitti kufeera ta’e?

Yoo dhibee tuulaarimiyaa itti kufteeta ta’ee beekuu hin dandeessu. Hata’u malee, yoo waa’ee kanaaf yaadoo qabda ta’e daadaafiitiin dokkotoora/haakiima keetti haasa’ii. Yoo haala tokkoo tokkoo kan si shakiisiisu ykn tootoochii naannoo haawaasa keeti keessatti kan godhaamu dhibee jarmii fidu akka meeshaa itti dhimma ba’uu namaa barbaadu yoo beekita ta’e warra seera eegiduuitti himmi (law enforcement agency).